QAJEELCHA KUNUUNSA DA'IMMANII FI BARUMSAA

2017-09-28

Oromo

Odeeffannoo Kunuunsa Da'immanumuriin baruumsaaf hin geenyee

Mana qopheessaa Bollnäs keessatti dhimmi barumsaa sanadaan qabuu

Umrii barumsaatiin duratti, guddinnii fi barumsi tokkoon tokkoon daa'immanii xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba. Dalagaawwan to'atamuun osoo addaan hin citin sanadaan qabamuu qabu, kunis wanta hojjechaa jiruu akka qorannuu fi gamaggamnuufidha. Gamaggamni dalagaawwan daa'immanii yeroo umrii baruumsan duraatti dandeettii guddina daa'immanii hundda hammachuu isaa mirkaneessuuf.

Mana qopheessaa Bollnäs tti yeroo umurii barumsaan duraatti, dijitaalaan hojjetama, karaa meeshaa IT Weebsaayitii Unikum irratti hundaa'een. Guddisaa/stuu yoo taate, amma dalagaawwan umurii barumsaan duraa hordofuu ni dandeessa, kunis gama guddinaa fi barumsa aa'ima keetiin jechuudha. Barsiisonni/hojjettoonni umurii barumsaan duraa karaa Unikum tiin isin qunnamu (guddistoota).

Gaaffiiwwanii fi deebiiwwan baramoo

Unikum maalii?

Unikum jechuun bakka (fakkeenyaaf) xaalay, fooalee torbanii, tarree nyaataa, sagantaalee, gamaggamawwan keenyaa fi daa'ima keetii, dalagaa guyyaa guyyaan sanadeessuu kan umurii mana barumsaan duraa. Haala itti dalagaawwan seera umurii mana barumsaatiin duraatiin kan hojjetu ta'uu, kunis yeroo mana brumsaatiin duraatti maalahojjechuuf akka karorfanne. Daa'ima hordofuu fi gareen umurii mana brumsaatiin duraa maal akka hojjechaa jiru ilaaluu ni dandeessa kunis karaa suuraawwanii, sanadaa fi ibsaawwaniin jechuudha.

Akkuma barame , yeroo daa'ima kee mana barumsaatiin duraatii fudhattu fi fiddu jechaan siti himama. Yoo manatti galte, Unikum fayyadamuu , dubbisuu fi fakkiiwwan ilaaluu ni dandeessa akkasumas daa'imti kee, maal akka hojjennee fi haala oolmaa mana barumsa isaa sitti himuu ni danda'a.

Waa'ee odeeffannoo kootii fi daa'ima kootii kan ilaalu eenyuu?

Akka guddisaatti, daa'imma garee daa'ima keetii eenyu akka ta'anii fi gudistoonni hiriyoota daaima keetii eenyu akka ta'an beekuu ni dandeessa akkasumas waa'ee garee waliigalaa odeeffannoo barbaachisoo argachuu ni dandeesa

Ati, guddistoonnii fi barsiisota garee da'immaniitiif itti gaafatamummaa qaban qofatu sanada barumsaa fi guddina daa'ima keetii kan mana barumsaatiin dura ilaaluu danda'a. guddisaan kamiiyyuu sanadaa waa'eeguddina fi barumsa daa'ima biroo beekuu/argachuu hin danda'u.

Sanadeessuun Unikum nmota aangeffaman qofaaf kan yaadameeda. Kanaafuu suuraawwan yookan sanadoota ibsa biro kan akka miidiyaa hawwasaa akka feesbuukii yookan inistaagiraamii keessa jira garagalchuu yookan qooduu hin dandeessu.

Odeeffannoo haala eegamaa ta'en ni kuufamuu?

Odeeffannoo toora intarneetii eegamaa ta'een erg, just aamu kuni intarneti baankiingiidhaan ta'a.

Guddistoonni hundi adda baasa e- /waraqaa eenyummaa baankii itti galuuf fayyadamuu qabu.

Sarvaroonni odeeffannoon itti kuufame bakka seeraan t'atamanii fi giddu galawwan eegama keessa kaa'amu. Siistamichi ogeessaan to'atamee hojjetama, odeeffannoonis itti fufiinsaan deebifamu. Sistamiwwan faayirwaliidhaan egamu.

Lakkoofsonni warqaa ragaa dhuunfa fayyamaa (lakk. dhuunfaa)?

Barbachisummaa eegumsaa fi dhuunfaa dirqma, lakkoofsonni warqaa eenyummaa kanaaf barbaachisu, akkuma baankiiwwanii fi yookan eejansii inshuraansii haawwaasaatiif barbaachisu jechuudha, fakkeenyaaf. Amma lakkoofsonni waraqaa eenyummaa dhuunfaa yeroowwan mana barumsaatiin duraa biyyattii huundaaf faayidaa irraa ni oolu, akkasumas guddistoota sirritti adda baasuuf gargaara. Lakkoofsi waraqaa eenyummaa dhuunfaa odeeffannoon daa'ima keetii guddisaa siriitti qunnamsiifanuu isaa kan mirkaneessuudha.

odeeffannoon Unikum keessa jiru odeeffannoo dhuunfaa erga qabaatee manni qopheessaa Bollnäs seera odeeffannoo dhuunfaatiin bitamuuu qaba(PDA), akkasumas eegumsa seera odeeffnnoo haaraatin bitamuu qaba.

Sanadni waa'ee daa'ima kootii yeroo hammamiif kuufamaa?

Sanadni waa'ee daa'ima keetii hmga daa'imti kee mana burumsaatiin duraa keessa jirutti ni kuufama. Daa'imti kee iddoo mana barumsaan duraa manaa qopheessaa keessa jiru kan biroo yoo jijjiire sanadni kuusaa isa/ishee walumaan naanneffama.

Waliigalteen ni barbaachisaa?

Sababiin isaas Unikum meeshaa manni qopheessaa Bollnäs barumsa daa'imman mana barumsaatiin duraatti baratanii hunda sanadeessuuf filatedha, isa kanaaf waliigalteen keessan/guddistootaa/ hin barbaachisu. Amma waraqaa fi qalama irra meeshaalee diijitaalaa fayyadamna.

Barsiistoonni suuraawwan daa'imman keessanii sanadaa dhuunfaa daa'imichaa keessatti ni galchu. Garuu suuraawwan daa'imman keessanii gara sanada garee mana barums, which atiin duratti galchuu yoo barbaadanii fi guddistoonni garee keessa jiran hundi akka ilaalan yoo barbaadan waliigaltee keessan dhiyessuu qabdu. Kanas hojjettoota mana brumsaan duraa waliin karaa unka sagalee, fiilmii fi fakkiiwwanii miidiyaa hawwaasaa keessa jiraniin akkasuma intarneetii fi maxxansaan jiraniitiin hojjechuu ni daneessu.

Wanta barbaacha beekuun barbaachisuu

Sanada ummataa

Akkaataa seera argamsa sanadootaa ummataaf dhiyaatuutti sanadoota man's qopheessaa jiran ummataaf dhiyeessuun ni danada'ama. Namni kamiiyyuu sanadoota beektota barumsaa too gaafate haala iccitiin ilaalamee odeeffannoon dhoksaa too jiraate sanadoonni kamiyyuu dhiyeeffamuun duratti in balleeffamu.

Odeeffannoo si'aawoo

Sanadni beektota barumsaa hojjettoota mana barumsatiin duratiin barreeffama. Wanti sanada irratti barreeffamu odeeffanno si'iiwaa/iccitii of keessaa qabachuu hin qabu.

Miiraa fi amla gaarii - odeeffannoo barbaachisoo erga bilisaa irratti

Sanadni diijitaalaa bakka ergaa bilisaa qabachuu ni danda'a bakki erga bilisaa ibsawwanii fi gamaggamawwan qabaachuu hin qabu. Himni faallaa tae hin heyyamamu, kamiiyyuu. Kuni qamota Unikum yookan meeshaalee hojii diijitaala biroo fayyadama kamiifiyyuu kan hojjetuudha.

Odeeffannoo biroo

Beektota barumsaa sanadaa qabuu irratti gaaffii kamiiyyuu yo qabaatte, hojjeta yookan daayireektara mana baruumsaa duraa daa'imakeetii qunnamuu ni dandeessa.

Amma eegalee jira!

Unikum koompitara keetiin yookan iyyata bismaarti phoonii yookan taabileetiiwwaniitiin qunnamuu ni dandeessa.

Gara teessoodhaqi https://start.unikum.net/ dhaqi yookan ismaarti phoonii yookan taabileetii kee irratti appilkeeshiinii Unikum gadi buusi. Takka filatanii 'karaa birootiin itti galuu' (*Andra sätt att logga in*), sanada booddee 'manni qopheessaa Bollnäs' (*Bollnäs kommun*). Achiis, waraqaa eenyummaa baankii fayyadamuun yookan waraqaa eenyummaa moobaayilii baankii fayyami. Barsiisonni mana barumsaatiin duraa odeeffannoo siif akka guddistutti yookan daa'ima ketiif barbaachisaa tae gai buusanitti, ati beeksisa appilikeeshiinii kanaa ni fudhtta.

Waa'ee kanaa irra caalaatti www.unikum.net, irratti dubbisuu ni dandessa, fiiliiwwan odeeffannoo ilaali akkasumas waa'ee meeshaalee kanneenii yaadota jiran guddistoota manneen barumsaan duraa biroo irraa dubbisi.

Weebsaayitii keenya irratti odeeffanoo deeggarsaa fiilmii odeeffannoo fi kan biro argachuu ni dandeessa: http://www.bollnas.se/index.php/unikum

Meeshaa kana tti fayyadamuu yeroo ajaja ni barbaanna!